Employment Security Department
WASHINGTON STATE

Hojiitti deebi'uu

BARBACHISAA: Ulaagan hojii barbaaduu hojii deebi'ee jira. Gochaawwan hojii barbaaduu torbee Adoolessa 4 - 10 jalqabaa. Odeeffannoo dabalataatif **Fuula ulaagaalee hojii barbaaduu** daawwadhaa.

Hojii dhabdoota fi daldaltoota tajaajila qacarrii fi qacarrii lammataa irratti deeggaruuf, kanneen dhiyeessina:

- Hojii fi carraawwan leenjii hojjettootaf.
- Qabeenyota humna hojii dandeettii qaban qacartootaf ittiin tursiisan.
- Odeeffannoo waa'ee gahumsa faayidaalee hoji-dhabdummaa.
- Qajeelfama hojiitti deebi'uu dhiheessuu,
- Kana caalaa.

Odeeffannoo Hojjettootaf

Hojiitti akka deebitan waamamtanii deebi'uu hin dandeenyee?

Yoo yeroo ammaa faayidaalee hoji-dhabdummaa fudhachaa jiraaattanii fi yommuu hojiitti akka deebitan waamamtanii (hojii duraa irraayis ta'ee hojii haaraa irraa) hojiitti deebi'uu hin dandeenye, filannoowwan beekuu irratti isin gargaaruu dandeenya. Irratti waa'ee yeroo carraa hojiitti deebi'uu diduu dandeessanii argadhaa.

Hojii keessan itti aanu barbaadaa

WorkSource isin gargaarudhaaf as jira

- Carraa hojii sirrii ta'e WorkSource Washington (Ingiliffan) irratti argadha. Sababa rakkichaatin, waajjiraalen WorkSource yeroo ammaatti akka biyyaatti tajaajiloota qaaman kennamniif cufaadha, haa ta'uu malee amma illee waajjiralee naannoo keessan jiraniif bilbiluudhan ykn gaaffiiwwan karaa chaatii kallattiidhan godhamuun gafaachuudhan deeggarsa argachuu dandeessu. Odeeffannoo dabalataaf gara WorkSourceWA.com (Ingiliffaan) deemaa.
- Carraawwan hojiiwwanii fi leenjii karaa WorkSource System (Ingiliffan) dhiyaatan gadi fageenyan ilaalaa.
- Hojii argachuuf dandeetti keessan fooyyessaa WorkSourceWA upcoming workshops (Ingiliffan) naannoo leessanii ilaalaa.
- Hojii sirrii ta'e argachuuf, hiring event (Ingiliffan) irratti argamaa.

Hojii irra deebin leenjisuu yookan carraawwan barnootaa

- Hojii barbaaddan argachuudhaf barnootaa fi leenjii isin barbaachisu Washington Career Bridge irratti (Ingiliffaan) argadhaa.
- Yoo barumsatti deebi'uu yookan barnoota dabalataa argachuu yaadaa jiraattan, College & Career Compass Washington (Ingiliffaan) daawwadhaa.
- Ibsoota hojiitif, ulaagaalee barnootatiif, kaffaltiidhaf, haalota qacarrii fi qabeenyotaaf, yookan hojiiwwan abuurudhaaf, fuula Waa’ee Ogummaa Hojii Baradhaa (Learn About an Occupation) keenya (Ingiliffaan) daawwadhaa.

Waa'ee induustiriiwwan qacaraa jiranii dabalata baradhaa

- Xinxaala garaagarummaa hojiiwwanii madaalota maxxansoota hojii ji'a ji'aa fi daataa Qajeelcha Wabii Qacarrii iyyattoota inshuraansii hoji-dhabdummaa ilaalchisee jiru gidduu jiru waliin argachuf Gabaasa Dhiheessii/Fedhii (Ingiliffaan) ilaalaa.
- Odeeffannoo dabalataa hojii barbaaduutiif Fuula hojiiwwanii fi leenjii keenya (Ingiliffaan) daawwadhaa.

Qajeelchi Wabii Qacarrii (Employment Security Department) qacaraa/sagantaa carraa wal qixaa kennuu dha. Namoota hir'inoota qaamaa qabaniif, yoo gaafatan deeggarsoonni fi tajaajiloonni dabalataa jiru. Tajaajiloonni deeggarsa afaanii namoota afaan Ingiliffaa sirritti hin dandeenyef kaffaltii irraa bilisa kennamu. Tajaajila Bilbilaa Namoota Hir'ina Dhageettii Qabanii Washington: